Free To Read 2024

Dubbisuudhaaf Bilisa

# Seenaan nama kamiiyyuu barbaachisaadha!!

Namoonni biroo waan ati dubbisuu fi barachuu dandeessu fi hin dandeenye seera baasuuf yeroo yaalan isinii fi maatii keessaniif sirrii(haqa) miti. Murteewwan dubbisaa keessan dirqama ISINIIN yookin ga’eessa(nama guddaa) isin kunuunsuun taasifamuu qaba. Seenaa adda-addaa hedduu qooduu fi dubbisuudhaan waa’ee wantoota haaraa, namoota haaraa, fi muuxannoo haaraa sammuu kee guddaa fi qaroo taasisu baratta!

**Kanaafuu ganna guutuu dubbisuudhaaf walabummaa qabdan kabajadhaa!**



Aartisitii: Nick Alan Foote www.nickalanart.com

Qajeelchi dalagaa Bona kanaa kan:

## Dubbisaa Cimaa Ta’aa!

Aartiistiin cimaa, atileetiin ajaa’ibsiisaa ta’e, akkasumas dubbistoonni baay’ee cimoo ta’an hundi waanta waaltawaa ta’e maal qabu? **HUNDI ISAANIIYYUU NI SHAAKALU!**

Aartisitiin cimaa, kan kalaqaawwan babbareedoo hojjetu ta’uu barbaadduu? **SHAAKALAA!**

Shubbisaa(daansanyaa), annisaa fi eebbaan sosocho’u ta’uu barbaadduu? **SHAAKALAA!**

Atileetii cimaa kan dorommii hunda injifatu ta’uu barbaadduu? **SHAAKALAA!**

Dubbisaa cimaa ta’uu barbaadduu? **SHAAKALAA**!

**Duraa duubotni isin gochuu qabdan kanneen armaan gadiitii Dubbisaa CIMAA ta’uudhaaf:**

**Dubbisuu shaakalaa:** Maaliif? Sababni isaas dubbisuun barreessuun salphaa akka ta’uu taasisa.

**Obsa Shaakallii:** Dubbisaa cimaa ta’uun adeemsa dha! Guyyaa hunda dubbisuu itti fufuudhaaf adeemsa guyyaa guyyaan mudatudha.

**Adeemsa Shaakallii:** Duubbisuudhaan yoo xiqqaate daqiiqaa 20’f karoorfadhaa! Innis waggaadhaan jechoota miiliyoona 1.8 jechuudha!

e-book dhaggeeffachuu yookin namni biraan isiniif dubbisuunis “irree” dubbisuu keessan eeggitiin ni tursiisa!

## Dubbisuun NAMOOTA HUNDAAFI!

Kaardii Mana kitaabaa arigachuuf mana kitaabaa naannoo keessan jiru har’a doowwadhaa!

Ganna guutuu dubbisuu itti fufuuf yaada bashannansiisaa argachuuf kitaaba xiqqaa Barnoota Ganna fudhadhaa! Ga’eessotni fi daa’imman Book Bingo taphachuu dandeessu!

Hujjafannoo(appilikeeshinii) Libby, e-books fi audio books(kitaaba sagaleeffamaa) ittiin dhaggeeffachuudhaaf buufadhaa!

Barruulee qoosaa Hoopla irratti ilaalaa, barruulee dubbisaa(matseetiiwwan) Flipster irratti dubbisaa, akkasumas waantota hedduu www.spl.org irratti ilaalaa.

**Ispoonsaroota keenya ni Galatoomfanna.**

The Seattle Public Library Foundation

SOUTH END STORIES

Barnootni Gannaa bara 2024 arjummaa The Seattle Public Library Foundation dhaan kan qophaa'e yoo ta'u, South End Stories waliin ta'uun kan karoorfamedha.

English
**Every day I will read:** ______

JALQABA

Tigrinya
ኩሉ መዓልቲ ከንብብ እየ: ______

Oromo
**Ani nan dubbisa guyyaa hundaa:** ______

XUMURA

# Taphicha Taphadhaa

**Qajeelfamoota:**

1. Kaayyoo dubbisaa dhuunfaa keessanii uumadhaa! Guyyaadhaan daqiiqaawwan 20 gorsina nuti yookin galma garaagaraa filachuu ni dandeessu.
2. Guyyaa dubbistan hundumaaf iskuuweerii tokko keessatti mallattoo X kaa'aa.
3. Waan barbaaddan kamuu dubbisaa! Dubbisadhuma nama kamuu dhaggeeffachuu dandeessu, hiriyyaa keessaniif yookaan saree keessaniif sagalee ol kaasuun dubbisaa, yookaan maatii keessanitti sagalee ol kaasuun seenaa itti himaa.
4. Erga iskuweer 10 mallatteessitanii booda, kitaaba xiqqaa kana gara mana kitaabaa fiduudhaan maqaa keessan Wall of Fame irratti akka galchu fi badhaasa xiqqoo argadhaa!
5. Erga iskuweerota 30 mallatteessitanii booda, gara mana kitaabaa koottaattii Meedaaliyaa Dubbisa addaa keessan fudhadhaa!

Spanish
**Leeré todos los días:** ______

Amharic
በእያንዳንዱ ቀን እኔ የማነበው: ______

Chinese
我每天都会阅读： ______

Vietnamese
**Mỗi ngày tôi sẽ đọc:** ______

Somali
Maalin kasta waan akhriyi doonaa: ______